# Delridge Way SW - RapidRide H Line Project

## Delridge Line


Bara 2021 dhufutti toora RapidRide H irratti Daandii konkolaataa Delridge Way SW haaraa imala baasiif mijatu uumuuf hojjataa jirra. Kana jechuun qaamawwan daandichaa irra deebiin ijaaruu, haala teessuma daandichaa guutumaa guutuutti jijjiiruu, fi daandiiwwan miillaa/saayikilii tajaajila konkolaataaf oolanitti qunnaman bifa fooyya'een ni argattu.

King County Metro keessatti daandiin baay'inaan imalli itti baay'atu Route 120 gara RapidRide H tti olguddata. Haaluma kanaan kaaba South Lake Union hanga kibbaatti ni fulla'a. Konkolaattota RapidRide irratti tajaajila kennan baay'ina isaanii dabaluuf yoo yeroo tajaajilaa galgalaafi sanbattanitti dafanii akka argamaniif ni taasisa. Fooyya'iinsi kunis imala imala Burien hanga South Lake tiif yeroo geejibaa kana dura fudhatu %10 hanga %15tti ni hir'isa.

Yeroo ammaatti, jiraattonni daandicha cinaa jiran %34 kan ta'an konkolaataa hin qaban. Kunis jiraattonni hojii deemuuf, mana barnootaa, sochiiwwan hawaasummaa fi tajaajilawwan garaagaraa argachuuf geejibni hawaasaa akka isaan barbaachisu agarsiisa. Bara 2035tti, RapidRide H irratti guyyaa tokkotti imalli 5,200 hanga 7,000 ol ta'u akka jiraatu ni tilmaamama.

Magaalaan Seattle gamtaa Metro waliin uumuudhaan daandii Delridge Way SW irra deebiin ijaaruu namoota miillan irra deemaniif, saayikilii ofaniif fi fe'uusa meeshaa gaggeessaniif fooyyessuuf ni hojjata. Kunis daandiiwwan manca'an deebisanii ijaaruu, namoota miillan irra deemaniif fooyyessuu fi mallattoowwan cinaa daandii kan dabalatuudha.

### Sagantaa karooraa/proojaktii




### RapidRide

Geejibni hawaasaa fedhii hawaasaa guutuufi guddina naannoo keenyaattif dursa kennuuf gahee qaba. Magaalaan Seattle fi King County Metro waliin ta'uudhaan RapidRide Metro babal'isuudhaan, fedhii geejiba hawaasaa dabalaa jiru bifa barbaadamuun guutuun hojjataa jiru.

Konkolaattonni baasii RapidRide kallattii barbaaddanitti saffisaan isin geessu. Imala gahaafi saffisa qabu ni taasisu. Kanaafis toora konkolaataa baasii qofaaf tolfamu, mallattoo dursa baasii, fi fooyya'iinsi garaagaraa ni taasifama. Baasiiwwan kunneen balbalawwan seensaa fi bu'iinsaa sadii ni qabaatu. Dubbistoota kaardiin ORCA irraa odeeffannoon yeroo itti konkolaataan itti aanu qaqqabu agarsiisu akka argattaniif ni ta'a.

**Bu'aawwan RapidRide irraa argaman**

Toorri RapidRide H daandii kana dura ture, jechuunis, daandii Route 120 isa kana dura turee fi baay'ee imalli itti baay'atu kan bakka bu'u ta'a. Buufanniwwan konkolaataa haaraan walirraa akka faffagaatan kan taasifamu yoo ta'u, tajaajila fooyya'aa akka kennan, akkasumas, bakka boqonnaa haaraa, ibsaa, dubbstoota kaardii ORCA, fi odeeffannoowwan yeroo itti geejibichi qaqqabu agarsiisu haala qabaataniin ni qindaa'u.

Galmawwan kanaan gaditti taa'an ilaalcha keessa galchuudhaan toorri RapidRide H dizaayiniin isaa hojjatamee jira:

- Yeroo daddabarsaa fooyya'aafi bakka hundatti akkaataa barbaadamutti gahuu isaa
  - Yeroo itti tajaajilichi qaqqabu %10 - %15 itti ni hir'isa.
- Nageenyummaa namoota miillaan deemanii, saayikilii oofanii fi hariiroo geejibaa ni fooyyessa
  - Fiixee bitaafi mirga daandii fi kanneen birootiin walqunnamsiisu fooyyessuu
- Gaaziiwwan balfamoo gadhiifaman hir'isuu
  - Bifawwan itti fayyadama geejiba baaqqee fooyyessuu
- Tajaajilli konkolaataa baasii guyyaa hundatti yeroon jalqabee akka yeroon turmaata tajaajilaa isaatis dheeratuuf taasisuu
  - Yeroo itti geejibni baay'atutti yoo xiqqaate konkolaattonni baasii daqiiqaa 10 keessatti akka gahan ta'u

## Delridge Way SW: Daandii konkolaataa baasii filatamaa


Maallaqni ashuuraafi adabbiin argamu wanta Delridge akka taatuuf barbaannu nama hundaaf kan agarsiisudha. Namoonni akka fedha isaaniitti saayikilii fi miilaan bakka buufata haaraa kana akka deemaniif kutannoon ni hojjanna.

Dizaayiniin keenya kan daandii Delridge Way SW kanneen qabu keessaa:

- Daandii konkolaattota dura gahan dhaabsisuuf oolu
- Mallattoo baasii yeroo ibsaan diimaan ifu fuuladuratti akka darbuuf agarsiisu
- Toora qoodiinsa haala tiraafikaa agarsiisu haaraa
- Qohii aartii bakka ummanni itti keessummaa'u yookan taa'uf qophaa'e haaraa
- Daandii imala dheeraafi suuta deemamuuf oolu
- Ujummoowwan bishaan dhugaatiifi balfa dhabamsiisan
- Daandiiwwan saayikilii ofuuf oolaniifi eegaman, bakka nammoonni lafoo itti qaxxaamuran, mallattoowwan imala saayikilii, toorawwa walqunnamtii ollaa, ibsaa namoota miillan deemaniif, karaawwan namoonni miillaafi saayikiliin deeman kara konkolaataatti itti bayan haaraa
- Diizaayinii haaraa bakka konkolaataa dhaabuufi konkolaattota haaraafi saayikiloota keessummeessuuf dandeessisu
- Yeroo konkolaataan bakkeewwan eeramanitti dhaabuun hin danda'amne ibsan, haala baay'ina konkolaataa ilaalcha keessa galcheen ibsu

Yeroo dizaayinii hojjannu maratti, haala fedhii fi yaadni ummata Delridge keessummeessamuun jijjiiramniwwan garaagaraa taasifamaniiru. Kanneen keessaa:

- Akeektuu kallattiiwwan tiraafikii 26th Ave SW fi SW Genesee St fi SW Brandon St irratti
- Bu'uraalee qunnamsiistuu Delridge Way SW fooyyessuu
- Eertuuwwan teessuma lafaa xumura ijaarsaa boodas jiraatan
- Ittisa lolaafi bishaanii SW Hudson St irratti, toorawwan geejiba konkolaataa baasiif haala ta'uun




## Pirojakticha ilaalchisee haala itti odeeffannoon kennamu

Bara 2015 irraa kaasee, hawaasa keenya odeeffannoowwan dizaayinii xumuraa ilaallatan karaa bilbilaa, email fi kanneen kanaan gaditti eeramaniin ittiin gahaa turre:

Kutaalee odeeffannoo kennaniifi **20** caalaniin

| Maneewwan online fi odeeffannoo walitti qaban **6** | Raabsitoota ergaawwan pirojaktii **5**, teessoowwan 9,000tti ergan |
|---|---|

Waltajjiiwwan hubannoo manneen barnootaa fi biizinasiiwwaniif kennan **20**n

- Ragaawwan bu'uraa afaan Arabaa, Afaan Vietnam, Afaan Ispeeni fi Afaan Somaaleetti hiikamaniin
- Bilbilawwan afaan abbichi barbaadeen bilbilamaniin


## BIFOOTA DIZAAYINII


Fedhii namoota konkolaataa fayyadamanis, miillaan deemanis ta'ee saayikiliin deemanii ilaalcha keessa galchuudhaan dizaayinii Delridge Way SW qopheessineera.

### KAN JIRU, WAAN JIRU

### KAN KAROORFAME /KAROORE


### SW Andover St – SW Alaska St





Gara kaabaatti laallu


### SW Alaska St – SW Hudson St





Gara kaabaatti laallu


### SW Hudson St – SW Juneau St






Gara kaabaatti laallu


### SW Juneau St – SW Myrtle St






Gara kaabaatti laallu


### SW Myrtle St – SW Holden St






Gara kaabaatti laallu

### SW Holden St – SW Cambridge St






Gara kaabaatti laallu

### Hubannoo agarsiistuu bakka jireenyaa



SW Andover St



SW Andover St



SW Findlay St

Bu'uraalee misoomaa namoota miilan imalan, saayikiliin deeman, meeshaa geejibsiisaniif, akkasumas, bakkeewwan konkolaataa dhaabbattan ilaalchisee odeeffannoo wayitaawaa dabalataan argachuuf, marsariitii (website) keenya **www.seattle.gov/Transportation/DelridgeTransit** ilaalaa.

## Qophii ijaarsaa

Ijaarsi kan jeequmsa qabuufi dhiibbaa qabu akka ta'e ni hubanna. Hawaasa keenya Delridge ilaalcha keessa galchuudhaan, kontiraaktarri ijaarsicha raawwatu dhiibbaa ijaarsichi uumuu danda'u akka xiqqeessuuf qajeelfama walhubannoo qopheessinee jirra. Qajeeltoowwan kunneen haala hawaasa keenyaa ilaalcha keessa galchuudhaan yeroo waggoota afur darban keessatti dabarsine irraa kan kalaqnee dha. Waantota ilaalcha keessa galan keessaa:

- Ijaarsa daandii cufuu danda'an ilaalchisee yaadannoowwan afaan garaagaraatti hiikuuf xiyyeeffannoo kennuu.
- Guyyaawwan ayyaana waggaa yookan feestivaalota aadaa irratti hojiin akka xiqqaatu gochuu.
- Daandiiwwan ijaarsaaf jecha yeroo dheeraaf yoo cufaman filannoowwan daandii qaxxaamuraa akka jiraataniif gochuu. Odeeffannoon kunis ibsaafi suuraa haala qabaniin akka jiraataniif taasisuu.
- Walhubannoon hojii fi itti fayyadama mana barnootaa Louisa Boren K-8 akka jiraatu gochuu.
- Ollummaa gaarii haala agarsiisuun, kontiraaktarichi qulqullina naannawaafi bakkeewwanii ilaalcha keessa akka galchu gochuu.

### Jiraataa toora daandii yookan cinaa Delridge Way SW taatanii afaan keessaniin odeeffannoon wayitaawaa akka isin gahu ni barbaadduu?

Jiraataa naannawa Delridge Way SW yoo taatan, mana keessan cinaa yookan fuulduratti ijaarsi akka jiraatu hubadhaa. Ijaarsichi yeroo tokko tokko daandii cufuu, bitaa mirga daandii cufuu, yookan immoo halkan ijaarsisaa akka gaggeeffamuu danda'u yaadadhaa. Maqaafi teessoo keessaniin, akkasumas, akka itti isin qunnamuu dandeenyu ibsuudhaan ijaarsicha irratti odeeffannoo barbaaddan kara email yoo nuuf ergitan, haala wayitaawaa ijaarsichi irra jiru hiiknee email dhaan isiniif ni ergina.

Maaloo, kara email **DelridgeTransit@Seattle.gov** dhaan nuuf ergaa.

### Gaaffii?

Gaaffii yookan yaada pirojakticha irratti yoo qabaattan maaloo nu qunnamuuf duubatti hin jedhinaa!

### Garee Qunnamtii Delridge Transit

**DelridgeTransit@Seattle.gov | 206-775-8739**
**www.seattle.gov/Transportation/DelridgeTransit**

### Yeroo ijaarsaatti wantota eegaman

Yeroo ijaarsaa bona 2020 hanga 2022tti gaggeeffamu jidduuti maaloo, kanneen kanaa gadii akka jiraatan hubadhaa:

- Guyyoota hojiitti yeroon hojii ganama 7 hanga waaree booda 7
- Sagaleen cimaan, awwaarri, fi konkolaattota guguddoodhaan karaan cufamuu
- Yeroo gabaabaaf konkolaataa dhaabuu dhorkamuun
- Dursee beeksisti kan maxxanfamu ta'us, yeroo gabaabaaf bishaan addaan cituun.
- Imala irratti dhiibbaan jiraachuu
- Imala irratti dhiibbaa jiru hir'isuuf halkaniifi sanbattanitti hojjachuu
- Sanbattanitti qaxxaamurri daandiiwwan guguddoo cufamuu
- Yeroo gabaabaaf bitaaf mirgi daandii cufamuu
- Kallattii jijjiirsisuun geejibaa
- Bakkeewwan hojii irraa konkolaattota dabsuu
- Namoota miillaa fi saayikiliin deeman kallattii jijjiirsisuu
- Namoota alaabaawwan agarsiistuu qabatanii kallattii agarsiisan
- Yeroo gabaabaaf konkolaattota baasii karaa irraa dabsuufi bakka dhaabbii jijjiiruun jiraachuu danda'u.

### Pirojaktii nageenyummaa Riqaa High-Rise Lixa Seattle

yeroodhaaf Lixa Seattletti dhiibbaan akka umamu waan hubanneef Pirojaktii Nageenyummaa High-Rise Lixa Seattle waliin hojjataa jirra. Pirojaktii kanarratti gaaffii kamiiyyuu yoo qabaattan, maaloo, nu qunnamaa:

Bilbila: 206-684-7623

Email: 684-Road@seattle.gov

The project is funded by KC Metro and SDOT's 9-year Levy to Move Seattle, approved by voters in 2015. Learn more about the levy at **www.seattle.gov/LevytoMoveSeattle**.

King County METRO | Seattle Department of Transportation | The Levy to MOVE SEATTLE